## GALMEE

Lammiileen Soomaalee baqattoota ta'anii galmaa'uu barbaadan Giddugala Galmee Abbaa Taayitaa Immigireeshinii, Paaspoortii fi Lammummaa Basaatiinitti ykn Al-Mukallaatti argamutti qunnamuu qabu.

Namoonni lammii Soomaalee hin tahin Waajjira UNHCR kan Adenitti argamutti qunnamuu qabu. Beellama qabachuuf laakkoofsa armaan gadii kanatti bilbilaa.

Bilbila Ho'aa Galmee 771 070 364

Tajaajilootni galmee hundinuu kaffaltii maleedha

Sanada koolu galtummaa/baqattummaa haaromfame/yeroo isaa eeggate qabachuun akka koolu galatti ykn baqatatti Yemen keessatti eegumsa keetiif barbaachisaa dha, akkasumas tajaajila UNHCR fi aangawoota biyyaalessaan kennaman akka argatu haala siif mijeessa.

Galmee kee fi waraqaa eenyummaa kee haaromsuu ykn jijjiirama teessoo kee fi lakkoofsa bilbilaa kee beeksisuu yoo barbaadde, maaloo Abbaa Taayitaa Immigireeshinii, Paaspoortii fi Lammummaa ykn UNHCR kan naannawa keetitti argamutti qunnami.

## TAJAAJILOOTA EEGUMSA FAYYAA

Baqattoota kunuunsa fayyaa barbaadaniif, maaloo Jaarmaya Dhaqqabummaa Namoomaa, kan Afaan Inglifaa Human Access jedhamuun beekamuu qunnamaa.

Basaatiin, Daar Sa'ad, Al-Sheekh

cfm@humanaccess.com

800 0078
Dilbata (Al-Hada) – Kamisa
8:00 WD – 4:00 WB

UNHCR namoota roorroo jalaa baqachuuf dirqaman keessattuu baqattootaa fi koolu galtoota addatti saaxilamoo ta'an eeguu fi gargaaruuf michoota fi hawaasa waliin ta'uun hojjeta. Hojiin UNHCR inni jalqabaa mirgaa fi nageenya baqattootaa fi koolu galtoota eeguu fi furmaata waaraa mirkaneessuudha.

Odeeffannoo dabalataaf, maaloo sarara ho'aa UNHCR kan armaan gadii kana irratti bilbilaa.

Komishinara Ol'aanaa Dhimma Baqattootaa Dhaabbata Biyyoota Gamtoomanii

Iddoo Bittaa, Gamoo 27-28,
Daandii Hoshi Mana, Koormaksar, Aden

yemadprt@unhcr.org

771 070 368
Dilbata (Al-Hada) – Roobii(Arbaa)
8:00 WD - 4:00 WB
Kamisa
8:00WD - 2:30 WB

Abbaa Taayitaa Immigreeshinii, Paaspoortii fi Lammummaa

Abbaa Taayitaa Immigreeshinii, Paaspoortii fi Lammummaa Basaatiin:
Aden – Dar Sa'ad – Al-Basaatiin
(Waajjira Poolisii Basaatiin Cinaa)

Abbaa Taayitaa Immigreeshinii, Paaspoortii fi Lammummaa Mukalla:
Hadramawt – Al-Mukalla - Foa
(Suuqii Kushiinaalee Al-Aydaruus fi Mana Yaalaa Heer cinaa)

**DHAMMAAN ADEEGYADA AY BIXIYAAN UNHCR IYO LA-HAWLGALAYAASHEEDU WAA LACAG LA'AAN**

UNHCR
The UN Refugee Agency

# ODEEFFANNOO BAQATTOOTAAFI KOOLU GALTOOTAAF

YAMAN -GODINOOTA KIBBAA

## JEEQUMSA KOORNIYAA IRRATTI HUNDAA'E

Namoota jeequmsa saalaa irratti hundaa'e irraa hafan kanneen deeggarsa barbaadaniif, maaloo Jaarmaya Yaalaa Dirree, kan Afaan Ingliffaa "Field Medical Foundation" jedhamuun beekamu qunnamaa:

Daandii Oktoober, Koormaksar, Aden

cfm@fmfyemen.org

800 0433
Dilbata (Al-Hada)
Kamisa
8:00WD – 4:00WB

## EEGUMSA DAA'IMAA

Daa'imman deeggarsa barbaadaniif, maaloo Jaarmaya Yaalaa Dirree, kan Afaan Ingliffaa "Field Medical Foundation" jedhamuun beekamu qunnamaa:

Daandii Oktoober, Koormaksar, Aden

cfm@fmfyemen.org

800 0433
Dilbata (Al-Hada)
Kamisa
8:00WD – 4:00WB

## BARUMSA

Daa'imman baqattootaa fi koolu galtootaa hundi barnoota sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa bilisaan argachuuf mirga kan qaban yoo ta'u, sanadoota galmeedhaaf barbaachisan hunda yoo qabaatan manneen barnootaa mootummaatti galmaa'uu ni danda'u. Odeeffannoo dabalataaf, maaloo Jaarmaya Misooma Al-Awn qunnamaa:

Sarara Gargaarsaa: 781 266 310
Dilbata (Al-Hada)
Kamisa, 8:00WD – 4:00WB

**AMALA GADHEE LAKKI JADHI**

## GARGAARSA SEERAA

Gorsi seeraa fi tajaajilli mangudummaa (jidduu seenummaan) kan kennamu sharika UNHCR kan ta'e Jaarmaya Yaalaa Dirree, kan Afaan Ingliffaa "Field Medical Foundation" jedhamuun beekamuudha. Bakka bu'ummaan seeraa kan kennamu dhimmoota adda ta'an qofaafi.

Daandii Oktoober, Koormaksar, Aden

cfm@fmfyemen.org

800 0433
Dilbata (Al-Hada)
Kamisa
8:00WD – 4:00WB

## TOLA OOLTUMMAADHAAN GARA BIYATTI DEEBI'UU

Baqattoonni Somaalee yeroo kamiyyuu gara biyya dhaloota isaanii (Somaaliyaa)tti deebi'uuf murteessuu kan danda'an yoo ta'u, kana gochuuf UNHCR fi michoota isheetiin ni gargaaramu. UNHCR deebi'uun nageenyaafi kabajaan akka raawwatamu gochuuf kutannoo qaba. Odeeffannoo haaloowwan biyya keessan keessa jiruufi deeggarsa barbaachisaa ta'e argachuun murtoo odeeffannoo irratti hundaawee murteeffachuuf, maaloo Waajjira Gargaarsaa kan Jaarmaya Yaalaa Dirree, kan Afaan Ingliffaa "Field Medical Foundation" jedhamuun beekamu qunnamaa.

Jaarmaya Fayyaa Dirree

Daandii Oktoober, Koormaksar, Aden

cfm@fmfyemen.org

800 0433
Dilbata (Al-Hada)
Kamisa
8:00WD – 4:00WB

## GODAANTOTA

Namni dhuunfaa ulaagaa seeraa baqattummaa hin guunne godaanaadha jedhama. Namoonni haala kana keessa jiran Dhaabbata Godaantota Idil-addunyaa, dhaabbata godaantotaaf tajaajila kennuuf itti gaafatamummaa qabu qunnamuu danda'u.

800 0922 (yeroo hojiitti).

## MADAALLII HAWAAS-DIINAGDEE

Baqattoota madaallii hawaas-dinagdee, kan gargaarsa maallaqaa fi/ykn deeggarsa dhuunfaa fiduu danda'u, barbaadaniif, maaloo Jaarmaya Yaalaa Dirree, kan Afaan Ingiliffaa "Field Medical Foundation" jedhamuun beekamu qunnamaa.

Daandii Oktoober, Koormaksar, Aden

cfm@fmfyemen.org

800 0433
Dilbata (Al-Hada)
Kamisa
8:00WD – 4:00WB

Maaloo ulaagaan gargaarsaa haala kee kan adda ta'e irratti hundaa'uun dhimmi tokko tokkoon akka murtaa'u ta'uu isaa hubadhu.

## TOOFTAALEE JIRUUFI JIREENYAA

Baqattoota leenjii ogummaa yeroo gabaabaa, leenjii hojii fi leenjii ogummaa (dareelee Afaan Arabaa, Ingiliffaa, fi Kompiitaraa) barbaadaniif, maaloo Waldaa Tola Ooltummaa Gargaarsa Namoomaa, kan Afaan Ingliffaa "Benevolence Coalition for Humanitarian Relief" jedhamuun beekamu qunnamaa.

Fuuldura Buufata Xiyyaaraa, Daandii Abuud, Koormaksar, Aden

bchr.complaints@bchr-ye.org

780 685 685
Dilbata (Al-Hada)
Kamisa
8:30 WD - 4:00 WB

Tajaajilootni UNHCR fi shariikoottan isaatiin kennaman hundi kaffaltii malee akka ta'an yaadadhu.

Yoo ati ykn namni biraa kamiyyuu hojjetaa namoomaatiin miidhaan akka irra gahe sitti dhagahame: xiqqo dhaabbadhu, gadi fageenyaan yaadi, NAMA kana irraa xiqqo siqi, ergasii taatee kana gara: inspector@unhcr.org tti gabaasi.